Yaa Rabbii koo, dilii koo fi wallaalummaa koo naaf dhiisi, dhimma koo hunda keessattis garmalee waa qisaasessuus naaf dhiisi, waan ati ana irraa beektus naaf dhiisi, Yaa Rabbi dilii koo, waan beekaa dalage, waan wallaalummaan dalagee fi qoosaa koo naaf dhiisi, hundi ana bira jira, Yaa Rabbi waan dursee fi waan hafees naaf dhiisi, waan dhoksee dalagee fi ifaatti dalages naaf dhiisi, ati (abbaafeete) dursaa dha, ati (abbaafeete) boodattis hanbisaadha, ati waan hunda irratti danda'aadha

Abuu Muusaa irraa odeeffame Rabbiin isa irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kadhaa kanaan kadhataa turan: «Yaa Rabbii koo, dilii koo fi wallaalummaa koo naaf dhiisi, dhimma koo hunda keessattis garmalee waa qisaasessuus naaf dhiisi, waan ati ana irraa beektus naaf dhiisi, Yaa Rabbi dilii koo, waan beekaa dalage, waan wallaalummaan dalagee fi qoosaa koo naaf dhiisi, hundi ana bira jira, Yaa Rabbi waan dursee fi waan hafees naaf dhiisi, waan dhoksee dalagee fi ifaatti dalages naaf dhiisi, ati (abbaafeete) dursaa dha, ati (abbaafeete) boodattis hanbisaadha, ati waan hunda irratti danda'aadha».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Du'aa'ii Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan waa hedduu walitti qabate keessaa tokko jecha isaanii kana : “Yaa Rabbii kiyya, dogoggora koo, dilii koo fi wallaalummaa koo fi waan osoo hin beekin narraa argame, naaf dhiisi. “Dhimma koo hundumaa keessatti qisaasessuu koo” dagannoo koo fi daangaa darbuu koos naaf dhiisi. “Waan ati ana irraa beektu” Ati ana irraa beektee ani immoo isa dagadhes yaa Rabbi naaf dhiisi. “Yaa Rabbi dilii koo fi badiin ani beekkaan dalage naaf dhiisi” waan itti yaadee ana irraa argamee fi waan badii ta'uu isaa osoon beekuu raawwadhes naaf dhiisi. "Dhugaa koo fi qoosa koo" waan qoosaan dalage, haala lamaan keessatti waan na irraa argame naaf dhiisi. "Sun hundi na bira jira" wantoota diliiwwanii fi mudaa irraa waan dubbatame walitti qabadhee jira. "Yaa Rabbi waan dabarsee" fi "waan kana booda hojjadhus" naaf dhiisi. “badiin ani dhoksee hojjadhee” fi "badiin ani mul'isee hojjadhe" naaf dhiisi. "Ati dursaa dha, ati boodatti hanbisaa dha" Uumama kee irraa abbaa barbaadde waan ofii jalattu isa waffaquun gara rahmata keetitti dursita, abbaa barbaadde immmoo isa xiqqeessuun rahmata kee irraa duubatti harkifta, kanaaf waan ati booddeetti harkifate namni dursa kennuuf hin jiru, wantoota irraa waan ati dursa kenniteef wanni booddeetti isa deebisu hin jiru. “Ati waan hundumaa irratti

danda'aadha” dandeettii guutuu, fedhii guutu qabda, waan barbaadde akka barbaaddetti hojjatta.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5483